

Yaadaa

fi

Milkaa'inna

*Kitaaba Of-Dagaagsu (Self-Development) yeroo jalqabaatiif Afaan Turkii
irraa gara Afaan Oromootti hiikkame*

*Kitaabni kuni Turkiiн keessatti si'a 235 ol maxxanfame. Maxxansaa
hunda keessatti kooppi 1000 Kuni barbaachisummaan isaa baay'ee
guddaa ta'uу agarsiisa*

Yazar (Barreessa): Dr.Muhammad Bozdağ.
Çevirmen (Hiika): Jibriil Abdalla

Qunnamtiif:

www.sammubani.com

fb.com/jireenyabadhaatu

Ykn Telegram: +905070617609 or

<https://telegram.me/jibrilabdella>

Table of Contents

Seensa	5
Tarkaanfi 1^{ffa}: Guddaa Yaadu	10
A) Barbaachisummaa waan Guddaa Yaadu	12
1. Hubannoон Yaada waliin jalqaba	12
2. Yaada keenya waliin guddanna	14
3. Wanta Hojjachuuf Yaannuun Fuundura Keenya Dizaayini Goona.....	20
B) Gufuwwan Guddaa Yaaduu	25
1. Rakkoolee keessaa bahuu dhiisuu	25
2. Monotony (Bartee nama hifachiisutti) lixuu	26
3. Ko'ummaa faaydaa hin qabne	28
4. Kaayyoo dhabuuf harka kennuu	30
5. Fedhii Daangaa hin qabne	31
C) Guddaa Yaaduu Dagaagsuuf	35
1. Akka Addaatti Ilaalu	35
2. Haala itti fufaa ta'een gaafilee gaafachu	37
3. Poteenshiyaali keenya Hubachuu.....	38
4. Wanta Qabnu Hubachuu	41
5. Kaayyoo keessan olfageessuu.....	44
Tarkaanfi 2^{ffa}: Si'aa'inna Jabeessu	50

Tarkaanfilee hunduu gara Afaan Oromoottí hiikkamanii jiru. Kuni fakkeenya akka ta'uuf dhiyaat

Seensa

Seensa Hiikaa (Translator's Forward)

Waggoota baay'ee dura gara Turkii carraa barnoota argachuun ni deeme. Ji'a shaniif afaan Turkii erga baradhe booda Ankaara keessatti Suparmaarketti Kiler jedhamu keessatti kitaaba maqaan isaa "Düşün ve Başar" (Yaadaa fi Milkaa'inna) jedhu arge. Qarshii Turkii lira shaniin bite manatti gale. Yoosu dubbisuu jalqabe. Afanichi haarawa waan natti ta'eef xiqqoo natti ulfaataa ture. Haa ta'uu malee kitaabicha dubbisuu itti fufee. Ji'oota muraasa keessatti nan fixe. Kitaabni kuni wanta addaa na keessatti kakaase. "Kaayyoon kee maalii? Akkamitti galmaan geessaa?" gaafilee jedhui deebii kitaaba kana keessatti argachuu jalqabe. Kanaafu, kaayyoo kiyya murteessu jalqabe. Anis, kaayyoon kiyya "Barreessaa gaarii" ta'uudha jedhe. Garuu keessi kiyya hin amanne. Kanaafu keessa kiyya amansisuuf kitaaba lammataa barreessammaan kuni barreesse nan dubbise. Maqaan isaa "Istemenin Israri (Haala Itti fufaa ta'een fedhuu)"... Alhamdulillah Rabbil aalamiin sababa kitaabota kanaatin sammubani.com ni dhalate. In sha Allah gargaarsa Rabbiitiin itti fufna. Ammaaf kitaaba jalqabaa "Düşün ve Başar" (Yaadaa fi Milkaa'inna) jedhu hiiku jalqabna.

Seensa Barreessaa (Author's Forward)

Akka gaara galaanatti lixee danbalii waliin galaana jirenyaa keessatti ni dhalattu. Doonin isin qajelchitan gaara cabbii keessaan hurgufamuun ni dabarti.

Yeroon ni ta'a, addunyaa keessan keessatti halkan ni dhufa, samiin gurraacha'e isin irratti jiga. Aduun deebitee dhufti, caafi moggaa keessaniiitiin guyyaan ni dhalata. Doonin keessan duumessa jalatti fi gaara cabbii keessatti lixxe ni agartu: waqtii gannaa qorraa keessa adii

lamaa fi bulee tokko jidduutti balaa titaaniki keessatti adda kan haftan ta’uu of agartu. (Titaanik-humna bishaani garmalee guddaa ta’e)

Imalli ilma namaa imala titaanikiitiin wal fakkaata: shofeerri doonii karaa nageenyaa keessa yoo hin oofin dhumti isaan itti goran tokko ta’a. Innis: bishaanin liqimfamuudha. Danbaliin jabaadha, bishaan gadi fagoon rakkisaadha.

Kitaaba kana osoo dubbistanuu dhiigni keessan ni danfa, yoosu gara sochii darbuun yaada keessan galmaan gahuu barbaaddu. Wanta balaa qabuuf qophii ta’uun yoo isinitti dhagayamee, fakkeenyota armaan gadi yaadadhaa:

Intarpiraayiziin xixiqoon xaawlaa isaanii gara handhuuraa oomishaa guddaatti jijiran. Balbala yuniversitii irraa duubatti waan deebifamaniif barattooni jireenyatti dheekkaman baay’een lamuu fiigun ni ka’an, ijannoona hojjachuun milkaa’inna ni qabatan.

Haadha abbaan baay’een abbaa manaa, ijoollee yookiin firoota isaanii dhaban kitaaba kana waliin lamuu gara jirenyaa ni deebi’an. Baay’een isaanii haala xaxamaa fi sansalata yaada badaa irraa ni bilisooman. Duraan kitaabicha tuffachuun mana kitaabaa keessatti wagcaa tokko osoo hin dubbisin waan tursiisaniif gaabbi isaanii ni barreessan.

Gama biraatin, jirenya irraa muxannoo gahaa warri hin argatin ergaa bu’uuraa kitaaba kanaa haala addatiin hubachuu danda’u. Barataan tokko garmalee mirqaanu fi ofitti amanuun, “Ammaan booda barsiisaan na hin barbaachisu, mataa kiyyaan barachuu danda’a.” jechuun mana barnootaa dhiisuuf olka’e. Hojjataan mootummaa tokko muxannoo daldala homaa kan hin qabne ta’ee osoo jiru hojii gadi

dhiisuun takkamaan qarshii miliyoona argachuuf yaade. Kan biraam immoo haafayiinsa qarshiitiin haguugamuun shariikoota hojii bareeda waliin oomishan ni dhiise.

Milkaa'inni dhugaa zeeroo irraa kan ijaarrame ta'uun sirriidha. Kennaan milkaa'innaa warra yeroo hunda yaada isaanii jiraachisuun haala itti fufaan hojjataniif kennama. Sirriidha, nama meeqatu restauraanti tokko keessaa meeshaa dhiqaa ta'uun seene, ergasii restauraanti mataa ofii banachuun bulchaa ta'e. Nama meeqatu barreessaa (typewriter) ta'uun dhaabbata tokko seenee ergasii bulchaa wali gala (general manager) ta'uun addaan bahe. Isinis kanniin ilaalun, 'Eeyyen, anis nan hojjadha' jettu. Garuu bu'uuraa fi muxannoo kan hin qabne yoo taatan, oduu milkaa'inna hatamtamaan argamu yaadu hin qabdan.

Beekuu fi mirqaanun qofti gonkumaa gahaa miti. Wanta beektan keessa gadi seensisuu fi muxannoo waliin dadhabuudhaan dandeetti dhugaatti jijjiruun isinirra jira. Dandeettin bu'uura milkaa'innaati. Wanta hojjachuuf deemtan siritti beektuu? Beekumsa wanta haarawa hojjatamu dagaagsitanii jirtuu? Barreefamaa fi dubbiin of ibsuu dandeessuu? Gootummaan keessan gahaa ta'ee ni argattuu? Qulqullinni hubannoo keessanii haala gahaa ta'een dagaagee jiraa? Maal, eessatti fi akkamitti akka hojjattan siritti barattanii? Wanta tokko yaaltanii hojjachuu danda'uun keessan argitanii? Hanga ammaatu kanniin kan hin beekne yoo taatan, hojii amma qabdan irraa yeroo bilisaa keessan kanniin barachuu fi hubachuuf dabarsuu qabdu. Kanaaf jecha, kitaabota dubbisuun, qorannoo dhibbatama gochuun, namoota muxannoo qaban dhageefachuun ergasii hojii irra oolchun hangam hojjachuu akka dandeessan ilaalu qabdu.

Haafayuuun, jarjaruun, ani bilchaadhe, baradhe jedhanii yaadun, wanta danda'anii ol balaatti utaalun, nama muxannoo qabuu dhageefachuu diduun, yaanni hundee hin qabne fi gatii dandeetti hubachuu dhabuun wantootaa gurguddoo kufaatiif sababa ta'an irraayyi. Tasgabbaa'u qabdu, sababni isaas, milkaa'inna yoosu boruma hin dhufu.

Yoo kan mirqaantan taatanis rafuu fi boqonnaa fudhachuu qabdu. Boru guyyaa keessan isa dhumaa ta'uu danda'a. Akkasi mitii? Khaaliqni olta'aan, "Umriin hanga kanaa ni gaha" yoo jedhe, hojiin keessan dachii irra jiru hundi walakkaatti hafuu danda'a. Addunyaa baddu keessatti itti gaafatamummaan keessan; bu'aa isaa itti yaaduun dhiphinnaan liqimfamuu osoo hin ta'in wanta har'a hojjachuu dandeessan hundarra gaarii kan ta'e hojjachuudha.

Dachii kirkirri lafaa, balaa fi ganuun keessa jiru keessatti carraaqquin addunyaa tokkollee wabii (garaanti) hin qabu. Garuu asi fi addunyaa itti aantu keessatti namni hunduu mindaa carraaqqi isaa akka argatu Khaaliqni olta'aan waadaa galee jira.

Warri milkaa'e yommuu gara imala bahan nu caalaa dureeyyi ykn qaruute hin turre. Dachii keessatti warra ijijannoon hojjataniif gaheen guddaan kennamuuf meeqatu isaan eegaa. Warra itti gaafatamummaa fudhataniif fuundurri isaanii gammachuu haa ta'u.

Kitaabni harka keessan jiru kuni imala (adeemsa) milkaa'inna keenyaa keessatti tarkaanfilee bu'uuraa dubbata. Kutaa hunda keessatti, jalqaba (a) "**Barbaachisummaa mata duree**" ni ilaalla. Ergasii tarkaanfi san keessatti (b) "**Gufuwwan bu'uuraa**" nu muudatan nu fuunduratti

bahu. Itti aanse, tarkaanfi san darbuuf (c)“**Maloota Furmaataa**” itti fayyadamnu irra turra.

Karaa milkaa’inna keenyaa tarkaafilee kudhan wal qabataniin xumurra. Tarkaanifiwwan akka sansalataa walirra bahuun gariin garii irratti dhiibbaa qaba. Tarkaanfi jalaa milkaa’innaan yoo sirritti lafa hin qabsiisin tarkaanfi gubbaa (itti aanu) irratti ulfaatinni nu muudata.

Tarkaanfin jalqabaa “**Guddaa Yaadudha.**” Jalqaba sammuu keenya keessatti hojjanna, dandeetti yaadu keenya ni dagaagsina. Tarkaanfin lammataa qalbii teenyatti xiyyefachuun “**Si’aa’inna Jabeessu**” ta’ a. Ijaarsa bu’uuraa kanarraa gara tarkaanfi, “**Kaayyoo Murteessutti**” utaalla. Ergasii kaayyoo murteessine hundaaf, “**Mala murteessuuf**” carraaqna. Utaalcha haarawa utaaluuf tarkaafi “Sirritti fedhuu” jedhutti dabarra. Fedhii cimaa keenya tarkaanfi “**Gootomuu**” jedhuun jabeessina. Tarkaafileen wal qabataan lamaan keessaa tokko, bartee “Ammuma Hojjachuu” argachuu’ kan biraan immoo miira “Amma jiraachu” dagaagsudha.

Dhumarratti tarkaanfin sagalaffaa “**Sababa himachuu dhabamsiisuu**” Tarkaanfi kurnaffaan immoo “**Hojii xumuruu**” ta’ a.

Tarkaanfi ^{1ffaa}: Guddaa Yaadu

*Jirenya teenya moggaa bal'aaf banuun, guddaa yaadudhaan
ilaalcha sammuu keenya bal'isuu irratti hundaa'a.*

Seensa

Gaarii fardaatiin wanti hojjattanii fi konkolaataa Mersedesin wanti hojjattan wal bira hin qabamu. Geejiba kanniin lamaan jidduu garaagarummaan dandeetti (kaapasitii) jiruu baay'ee guddaadha. Garaagarummaan kuni garaagarummaa sammuu guddaa yaadu danda'uu fi sammuu saanduqa yaadota xixxiqoo keessatti rakkachuun hafe jidduu jiruun wal fakkaata. Sammuun dhiphisee yaadu hanga feetan osoo dirqisiistaniillee dandeetti xumuraa (maksimam kaapasiti) isaa hin dabartan.

Imala milkaa'inna ol'aanaa deemuu yoo barbaaddan, jalqaba geejiba ittiin imaltan haaromsuu fi jabeessu qabdu, Sadarkaa garmalee barbaachisaa fi bal'aa ta'e gahuuf geejjibni bu'uuraa nuti guddisuu qabnu: **dandeetti yaadu sammuu keenyaati**. Akkuma maashaalee keenya jabeenya qaamaa hojjachuun jabeessinu, dandeetti yaadu keenyas tooftaalee yaadutti fayyadamuun jabeessu dandeenyaa.

Tarkaanfin jalqabaa imala milkaa'innaa itti fuksiisan bal'isanii yaadu danda'uudha. Haleellaan dandeetti yaadaa kenyatti qajeelu haleellaa jirenya keenyaatti qajeeludha. Yaanni ija sammuti.

Namni dhiphisee fi gabaabse yaadu sadarkaa ol'aanaa irra hin gahu. Wanta namoonni biro hin argine arguu fi jirenya keenya ariitiin guddisuu yoo barbaanne, hubannoo fi dandeetti argannootiin hojii jalqabuu qabna. Tarkaanfin jalqabaa imala (adeemsaa) kanaa: Guddaa Yaadudha.

Sammuun wantoota dhokatoo argatu, sammuu guddaa yaadu danda'uudha. Sammuun ol guddisee yaadu furmaata adda addaa argata. Warri yaada isaanii dhiphisan immoo jirenyi

Guddaa yaaduun meeshaa garmalee barbaachisaa keesso keenya bal'isudhaan filannowwan milkaa'innaa ittiin daballuu fi fedhii keenya ittiim ijaarrudha.

isaanii ni dhiphatti. Kanaafu, yoo akkas ta'e, wanta gonkumaa duraan hin yaadinii fi eenyullee hin yaadin, ol guddistanii fi olfageessitanii yaaduuf qajeelaa.

A) Barbaachisummaa waan Guddaa Yaadu

Dandeetti guddisanii yaaduu dagaagsuun bu'uura imala milkaa' innaati. Waa hubachuun yaadu irraa jalqaba. Yaadota keenya ni dagaagsina.

1. Hubannoon Yaada waliin jalqaba

Bu'uurri jiruu hubannoodha, bu'uurri waa hojjachuu beekudha. Wanti hundi argamuun dura beekumsa Rabbii keessa ni jira (Kana jechuun wanti hundi argamuun dura Rabbiin wantoota kanniin hundaa beekee jira.)

Jireenya fuunduraa keessan bulchuu yoo barbaaddan, jalqaba sammuu keessan ilaalaa. Wanta gara fuunduraatti hojjachuuf yaaddan tarkaanfi tarkaanfin karoorsaa. Wanta hojjachuuf yaaddan hunda hin hojjattan, garuu wanta hojjachuuf gonkumaa itti hin yaadiniin milkaa'u hin dandeessan. (Wanta baay'ee hojjachuuf ni yaaddu, wantoota yaaddan kanniin hunda hin hojjattan. Garuu wanta tasuma hin yaannen hin milkooftan. Fakkeenyaf, doktora ta'uuf yoo hin yaadin, doktora ta'uun hin milkooftan.) Sirrii mitii?

Mata-dureen sammuu keenya keessa jiru akkuma itti yaannun ibsa bal'aa argata. Wantoonni yaannu suutuma suuta gochoota keenyarratti dhiibbaa uumu. Kanaafi,

gochoota, filannoowwanii fi yaadota keenya deddeebisuun sammuu keenya keessatti tarkaanfi tarkaanfin ijaarra.

Jireenyi dhaamtu (dukkanooftu) tan taatuuf yaanni dhaamaa waan ta'eefi. Kuni qarummaa waliin wal hin qabatu. Kana irra, yaadu waliin wal qabata. Addunyaan teessan hanga yaadu dandeessaniin bal'atti. **Hanga bakka sammuun keessan ilaalu danda'ee argitu.** Umrii keessanitti durummaa isin dabaltan hunda duuba durummaa yaadatu jira.

Daandii milkaa'inna ilaalchisee kitaabban barreefaman barbaachisummaa yaadu dubbatu. Yaadun; sanyii uumamaa, dhaabbanna, miira ykn amalaa gadi-dhaabudha.

Yaaduun; uumaa ykn qaama kan kenu osoo hin ta'in, maaltu galma gahu akka qabu kan murteessudha. Yaadonni keessan bu'uura miiraa, amalaa, hojii fi bu'aa keessaniiti. Khaaliqu ni olta'aan yaa'iinsa jirenyi keenyaatiif qaama yommuu kenu, nuti akkamitti akka jiraachu barbaanne ilaala. Namni yaada sirna qabu hin baranne haala dhaabbataa ta'een hin dagaagu. Akkuma argan yaadun sammuu akkanummaan dadhabsiisuu ta'a. Akkuma Albert Enastayin jedhe: namni sammuu yoo hin dirqisiisiin, uguruu gahuu hin danda'u." Kutaalee qaama keenyaa keessaa haleellaa

guddaaf kan saaxilamu sammuu keenya ta'ee osoo jiru, isa dagaagsu dhiisitii badii irraa isa eegufu hin carraaqnu. Kuni dogongoraa mitii?

2. Yaada keenya waliin guddanna

Yaadonni keenya madda mirota keenyaati, miironni keenyas madda amaloota keenyaati. Amaloonni nuti deddeebisne agarsiisnu barteewan keenya uumu. Barteewan keenya namummaa keenya bocu. Hamma guddaan fuundura keenya filachuuf bilisummaan nuuf kenname jira. Isin yeroo baay'ee maal yaadduu?

Namni hundu karaa keessa deemu keessatti wanta dhumarra jiruuf ni gaha. Masalaali koraa jirtan ilaalun dhumarratti gara eessaa ol deemaa akka jirtan hubachuu dandeessu. Sirrii mitii? *Karaan fuundura guddaatti nama geessu yaadu irraa jalqaba.* Kitaaba “Maajiki Guddisanii Yaadu” jedhu keessatti David J.Schwartz qorannoo ajaa’iba tokko dabarsa: Ameerika keessatti lakkoofsi namoota hojii kafaltiin isaa waggaatti dolaara kuma kudhan ta’eef apply godhan namoota hojii kafaltiin isaa waggaatti dolaara kuma shantama ta’eef apply godhan dachaa shantamaa hanga dhibbaaf shantamaan caala.

Namoonni baay'een hojii mindaan isaa gadi bu'aa ta'eef apply godhu. Hiikni kanaa ifa: dandeetti keenya waan hin dagaagsineef yookiin immoo dandeetti keenya garmalee gadi waan xiqqeessinuuf olfageenya irraa karaa jalqabuuf hin gootomnu.

Yommuu hojii seenuu barbaaddan, hojii kam hojjachuuf yaadduu? Baay'een namaa, "Wanta ta'eelle ta'uu hojiin haa argamu." Yaada jedhu qaba. Eeyyen, hundi keenya hojii guddaaf kan mallu ta'uu dandeenya. Namni maaliif potenshiyaali isaa hin amannee? Maaliif dandeetti isaa gabbisuun hojii irra gaarii hojjachuuf yookin inumaa hojii mataa ofii hundeessuun guddisuuf hin yaannee? Maaliif dandeetti ofii qabachuu dhiisee deeggarsa siyaasa duubatti dheessun jirenya qabachuuf filataa? Of guddisuutti yoo hin amaniin karaa sanitti humna ni baastuu?

Magaala Van keessatti seenaa dargaggeessa tokko isinitti haa himu: Dargaggeessi kuni yommuu gara Ankaaraa dhufu qarshii homaatu hin qabuu ture. Buufata magaalaa irraa ka'uun mana hiriyyoota isaa fagoo jiran sa'aati baay'eef deemuun gaha. Ani yommuu isa argu, milkaa'inna isaa nan hawweef. Yeroo sanitti dargaggeessa san ilaachissee fuundurri isaa ifa ta'ee natti hin dhagahamne. Garuu inni wantoota garii haala addaatiin yaade. Wanta guddaa yaade.

Hojii isaa xaawlaa xiqqaa tokko irratti jalqabe. Amma zeeroo irraa jalqabuun suuqii guddaa gareen dhaaban tokko bulcha. Qajeelfama bu'uuraa yoo gadi dhaabee, guddachuu itti fufa.

Dargaaggessi kuni osoo guddaa yaadu baate, hojii isaa hanga kana guddisuu danda'aa? Halkan meeqa namoonni biro osoo rafanu inni wanta hojjatamu osoo karoorsu bariisifata. Yaanni isaa taphachuu keessa osoo hin ta'in sirna gara fuunduraatti dhaabe keessa ture. Wanta eenyullee hin hoijanne hojjachuun isarra jira, kanaafu wanta eenyullee hin yaanne yaadun isarra jira.

Jireenyi qaraxiixi keessatti hanga namni hundu fedhu danda'uun kennamaaf. Ergaan Rabbiiakkana jedha: “**Ana kadhaa, deebii isiniif kennaa.**” (Qur'aan 40:60) “**Jedhi: Osoo kadhaan keessan jiraachu baatee, silaa Gooftaan kiyya homattu isin hin lakkaawu.**” (Qur'aan 25:77)

Fuulli seenaa haftee abbooti daangaa sammuu fi qalbii dirqisiisaniin kan guuttameedha. Rokkeetti jalqabaa abbooti keenyat argate. Jarmi isaantu yeroo jalqabaatiif ibse. Kaartaa addunyaa yeroo jalqabaatiif Piri Reis tu kaase. Tole, nuti hoo?

Richard Bach kitaaba afoolaa “Sinbira Galaanaa” jedhamu qaba. Jonaatan Levingston akka Sinbira Gootaatti ta’uun taphate. Inni waan guddaa yaadaa ture. Waggoota baay’eef sinbirroonnni daarii galaanaa irra balali’an ni baay’atan. Daarii galaanaa isa dhiphaa ta’e keessatti qurxummiin gahaan hin hafne. Jonathan samii keessa olfagaatanii allaattiwwan balali’an arge. Akka isaanitti olfagaachuu fi addunyaa biraan argachu akka qabu ni yaade. Kaayyoo guddaa kana hiriyyoota isaatti ni hime. Kaayyoo Jonathaniin mirqaanse kana hiriyyoonni isaa qishnaa (qoosa) godhatan. Hiriyyoonni isaa, “Abbootiin keenya yeroo hundaa as jiraatan. Bakka kanaan alatti bakka gaarii hin argannu. Sila abbooti keenya ganna?” jedhan. Carraaqquin Jonaatan bu’aa malee hafe. Ni beekaa ture; iddo fagoo, olfageenya fi gama biraan keessa addunyaa mirqaansun guuttametu jira. Dhumarratti, kophaa ta’us dhimma sodaachisaa kanatti darbamuuuf ni gootome. Innis ni balali’e, akkuma ol deemun olfagaate. Galaana dureeyyi addaatiin guuttamee ni argate. “Hiriyyoonni kiyya mana hidhaa keessa jiraatan keessaa bilisoomu akka danda’an osoo arganii maal qabaa! Dureeyyota ajaa’iba as jiran osoo baranii maal qabaa!” jechuun yaade.

Jonaatan akka yaada firoota isaatti abbooti isaa kan ganee fi dhiisetti lakkaawama. Jonaatan achumaan ni bade.

Garuu Jonaatan homaa hin dhabne. Barnoonni Jonaatan kenne hanga ammaatu ni argan, oduun isaa yeroo hundaa ni yaadatama. Sinbirroo galaanaa yommuu argu, Jonaataan sammuutti na dhufa. Jonaataan akka sinbirroo galaanaa ta'uutti akka na affeeru natti dhagahama.

Itti xiyyeffadhaa! Yoo isin warra gama biraa jiran hin barbaadin, isin isaan argachuu hin dandeessan. Gara hawaa deemuuf karaan tokko akka jiruu yoo yaaddan, karaa san ni barbaaddu. Sadarkaa ol'aanaa irra warra sadarkaa ol'aanaa barbaadan qofatu gahuu danda'a. Waan guddaa yoo barbaaddan, wanta guddaa argachuun keessanis ni ta'a. Namni dhiibbaa uumu sakandii isaa waa barbaadun dabarsa. Isinis barbaacha jalqabaa! Akkamitti?

Hirriba malee kan bule akka Edison, ampuuli elektrikii barbaadun argate. Ampuuli osoo beeku baattanillee, jiraachun isaa isintti dhagayama. Gaarri isin irra kortan duuba isaa osoo arguu baattanillee, sululuwwan ajaa'iba achitti akka isin eegan ni amantu. Wanta barbaaddan irra abdiidhaan deemtu. Akka kanatti guyyaa hundaa mirqaansun jiraattu.

In sha Allah wanta yaaddan guyyaa tokko ni qunnamtu. Eenyutu beeka, sa'aati meeqatti, hin beektan. **Jireenyi wanta hin beekne soquudha (barbaadudha); barbaadu dhiisun, jiraachu dhiisudha.** Sinbirroonu ganama yommuu ija ishii bantu guyyaa kana eessarrraa garaa ishii akka quubstitu hin beektu. Wanta nyaattu asi achi deemun erga soqxe (barbaadde) booda wanti sooqtu suni miila ishii jalatti tarraa'e argiti. Sirrii mitii? (Osoo wanta nyaattu soqu baatte akkanumatti teette ni jiraatti? Kanaafu irra deebi'un "barbaadu dhiisun, jiraachu dhiisudha." jenna.)

Meeshaa elektirikii qaama ittiin dhidhiban kan namtichi barnoota sadarkaa 1ffaa irraa eebbfame dizaayini godhe nan qoradhe. Sistamii dhiiga xuraawaa qaama keessa jiruu qulqulleessus akka guddise nan arge. Ani waggoota baay'eef baradhe; maastarsi fi doktoreetti qabadhe. Ani wanta namni kuni hojjate maaliif itti yaadu dadhabee? Namni tokko yommuu hojjatu, tuffachuun "Kana anis hojjachuu nan danda'a" jenna. **Wanta faaydaa qabu hojjachuu osoo dandeenye, kan hojjatu maaliif nu hin ta'in?**

Yaadonni keessan yoo guddatan, gochoonni keessanis ni guddatu, bu'aan wanta oomishtaniis ni guddata. Ammuma irraa eegaluun osoo yaaltanii, har'uma garaagummaa isaa adda baafattu.

3. Wanta Hojjachuuf Yaannuun Fuundura Keenya Dizaayini Goona

Wanta hojjachuuf yaaddaniin fuundura keessaniif bu'uura lafa keettu. **Wantoonni isin sammuu keessaan fiduun sammuu keessatti hanbistan, fuundura keessan ijaaruuf jecha bilookettiwwan walitti qabamanitti jijjiramu.**¹ Ameerikaa keessatti Ohio State University irraa qorannoон Tanya Chartrand akka agarsiisutti; fuundurri keenya yaadota hubannoo gadi fagoo keenyatti lixe fi daganee deemneen bocama.

Obboleeyyan dubara lama yeroo iijoollummaa isaanii keessatti osoo waliin taphatanuu mucayyoon guddoon akka narsii ta'uun taphatte, mucayyoon xiqqoon immoo akka doktoraan ta'uun taphatte. Waggoota baay'ee booda taphni doktora-narsii dhugaatti jijjirame. Intalli xiqqoon doktora taate, intalli guddoon immoo narsii taate. Qalbii isaanii baay'ee xiqqoo taaten ni barbaadan, ni hawwan, ni yaadan. Rahmanni Isaa daangaa kan hin qabne hawwii isaan tapha isaaniitti dabalan isaan irraa fuudhun jirenya isaanitiif dhiyeesse. Taphumaaf jedhani yaanni obboleettiwwan

¹ (Kana jechuun yaadota gaggaarii sammuu keessan qaxxaamuran yommuu walitti qabdan, akka bilookeetti mana ijaarutti yaadonni kunniniis jirenya keessan ijaaru.)

lamaan sammuu keessatti kaasaniyyu gara dhugaatti yoo jijjirame, yaanni isin imimmaanin walitti maktan maaliif hin milkoofnee?

Turkii keessatti bulchitoonni godinaa baay'een isaanii Yuniversiti Ankaaraa Fakaaliti Saayinsi Siyaasaa irraa akka eebbifaman beektuu? Duraan mana barnoota lama irraa warra eebbifaman qofatu qormaata bulchiinsatiif seena. Bara 1992 booda fakaalitiin bulchiinsaa irraa kanneen eebbifaman hundi qormaata bulchiinsatiif akka seenu danda'an mirga argatan. Nan hubadhe. Hanga ammaatu warri qormaata darbu baay'een isaanii barattoota mana barnoota wal fakkaaturraa eebbifamaniidha. Maaliif?

Sababni isaas, barattoonni mana barnoota kanaa jalqaba irraa kaase bulchaa godinaa ta'uuf yaadaa turan. Barattoonni mana barnoota biraa immoo erga eebbifamanii booda bulchiinsa mataa ofii keessatti fiduuf yaalaa turan.

Simmiiti² (daabboo geengoo) gurguruu yoo yaaddan, hojii nama simmiiti gurgurun wal qabatu hojjachuun karaa bantu. Kompiyutara gurguruu yoo yaaddan, karaalee kompiyutara ittiin gurgurtan barattu. Baratan ana waliin

² (Simmiti jechuun daabboo akka qabee harkaa Turki keessatti gurguramuudha. Google irratti fakkii isaa ilaaluuf "Simit" jechuun barbaada.)

yuniversiti wal fakkaatu fi departimanti wal fakkaatu irraa eebbifame tokko kompiyutara gurguruu mataa isaa keessa kaa'e. Beekumsa isaa ni dagaagse, kompiyutara walitti qabee gurguruun hojii isaa jalqabe. Hojii isaa ni guddise. Waggoota baay'ee booda meeshaa kompiyutara bituuf yommuu iddo hojii isaa daawwadhu nan dinqisiifadhe. Yuniversiti keenya irraa barattoota garii muhandisa, sekretarii gochuun akka hojjachiisu nan arge. Qajeelcha hariiroo gurgurtaa haarawa yommuu isaanitti kennu isaan fiigsisaa ture.

Hiriyyaa daree kiyya Sherif Chim siyaasaa keessatti isa arge. Inni bakka bu'aa ummataa ta'uuf kaayyefataa ture. Ani immoo kuni guddaa akka ta'ee fi hojjatamu akka hin dandeenyetti waan ilaaluuf sammuu kiyya keessatti hin yaadu ture. Nuti ni eebbifamne. Ani TBMM (Paarlamaa Turkii) keessatti ogeessa ta'uun hojii kiyya jalqabe. Osoo homaa hin turin Sherif Chim bakka bu'aa ummataa ta'uun filatamee dhufe. Garuu Abbaan Qadaraa isa ilaalchisee murtii biraa qaba. Sherif Chim bara 1998 keessa balaa tiraafikitiin ni du'e.

Akka Richard Bach guddaa yaaduun yoo barreessitan kitaaba keessan miliyononni bituu danda'u. Akka Alwin Toffler bu'aa hojii keessanii yaadota gurguddoon yoo

ijaartan, addunyaa gahuu danda'a. Maallaqni fi faasilitiin keessan baay'ee xiqqaa ta'uu fi duubatti kan hafe ta'uu danda'a. Garuu qalpii teessan, miiraa fi keesso keessan hanga danda'ameen guddisuu fi dagaagsu dandeessu.

Potenshiyaali keessan amana. Garuu dhimma tokko gonkumaa hin dagatinaa: jireenyi bulchiinsa Khaaliqa olta'aa jala jirti. Rabbiin olta'aan nama hundaafu wanta carraaqef addunyaa keessatti yookiin Aakhiratti mindaa akka kennuuf waadaa galee jira.

***Yeroon rakkoleetti, hojii duwwaa bu'aa homaatu
hin qabnetti, kaayyoo dhabuu fi bashannana hin
barbaachisnetti lixuu irraa baraaramne yeroo
moggaa milkaa'inna bal'aa keessatti koolu
godhanneedha.***

(Namni akkuma gara milkaa'innaatti olbahuun hojii faaydi
hin qabne, kaayyoo dhabuu fi bashannana hin barbaachisne
irraa qulqullaa'a.)



Guduunfaa

- **Bu'uurri jiruu hubannoodha, bu'uurri waa hojjachuu beekudha.**
- **Guddinni fi milkaa'inni keenya hamma yaadaa keenyaatiin wal-qabata.** Waan guddaa yoo yaanne, hayyama Rabbiitiin milkaa'inna guddaa arganna. Waan xiqqaa yoo yaanne, milkaa'inni nuti argannus hangasuma xiqqaadha. Ergamaan Rabbii (SAW) "Rabbiin irraa Jannata yoo kadhattan, Firdaws kadhaa. Sababni isaas, Firdaws Jannata ol'aantudha, gubbaa isii Arshii Rahmaantu jira." Jedhu. (Sahih al-Bukhaari 2790) Kuni waan guddaa yaadu akka qabnu itti nu kakaasa.
- **Wanti isin hojjachuuf yaaddanii fi sammuu keessatti fakkii isaa kaastan, gara fuunduraatti dhugaa ta'uun jirenya keessan ijaaru danda'a.** Kanaafu, galma guddaa gahuuf wanta guddaa yaadaa.

B) Gufuwwan Guddaa Yaaduu

Yaadonni keenya sanyiwwan gara fuunduraatti jiraannudha. Rakkooleen, wanti aadaa godhatan, ko'oomun barbaachisaa hin taane, wanta tokkoof sirrii ta'uu dhabuu fi bashannana keessatti daangaa darbuun dandeetti yaadu sammuu keenya cufu (qollofu). Gufuwwan kanniin darbuu qabna. Ol-guddisanii akka hin yaanne wantoonni nama taasisan kanneen armaan gadiiti:

1. Rakkoolee keessaa bahuu dhiisuu

Sab-qunnamtiin ammayyaa takkamaan rakkolee adda addaa ija keenya fuunduratti diriirsa. Oduu rakkolee keenya lakkofne hin xumurru. Guyyaa hundaa oduu ajjeechaatiin ykn ganuutiin hurgufamna. Rakkolee akkuma daawwa'annuun daawwachuuuti maxxannee hafna. Kuni garmalee barbaachisaadha: **qalbiin abdii kutuun haguuggamte, furmaatatti yaaduuf carraa hin argattu.**

Milkaa'inna dhabuun ammatti hojjachuu dadhabuu osoo hin ta'in, gonkumaa akka hin hojjannetti yaadudha. Hubannoo keenya keessatti rakkolee walitti qabaman garmalee olguddisna. Isaan furuuf sababa furmaata hin qabnetti dheessina. Yaaduu fi furmaata barbaadu, carraaqqi bu'aa homaatu hin buusne akka ta'eetti ilaalla.

Akkuma Tolstoy jedhe: "**Namni hunduu namoota biroo jijiruuf yaada, garuu eenyullee of jijiruuf hin yaadu.**" Yeroo hundaa akka sinbirroo waccuu xurii siyaasaa odeessina. Bakka kanaa, siyaasaa qulqulluuf xalayaadhaan ykn bilbilaan warra siyaasaatiif yaada gaarii haa kenninu. Naamusa dhabuun babal'achuu irraa kan ka'e himannaadhiyeessinee dhaabbanna. Wanti sirriin hama arraba keenya keessa jiruu waliin qabsaa'udha. TV ilaalu irraa kan ka'ee ijoollee teenya

barsiisuuf yeroo hin argannuu? Wanta sirrii hojjachuuf haa tattaafannu.

Namoota garii keessatti rakkoon gara wanta yeroo hundaa yaadatanitti jijjirama. Rakkoo si'a tokkoof qaama isaanii irra gahe sammuu isaanii keessaa waamuun qalbii isaanii keessa akka jiraatu taasisu. Rakkoo isaanitiif furmaata barbaadu dhiisanii hadhaa rakkoo irra deddeebi'uun itti xiyyefatu. Akkasi mitii?

Asitti kuni garmalee barbaachisaadha: rakkolee sammuu keenya keessatti tuulamanitti garmalee yaadun dhiphinna (stress) dabala. Dhiphinni baay'een yaa'insa yaadaa fi wantoota kemikaalawaa barachuu fi yaadachuuf ergaa dabarsan hir'isa. Dandeettin yaadu hatamtamaan bada. (Namni baay'isee dhiphatu dandeettin yaadu isaa ni dadhaba, inumaa ni bada.) Sammuun yaadu hin dandeenye wanta guddaa yaadu hin danda'u. Sababa kanaafi, namni rakkotti hin maxxanne fi boqonnaa qabu haala salphaan milkaa'a.

Eeyyen, jireenyi ulfaatinnaan guuttamte rakkolee ni uumti. Eeyyeen cunqursitooni qalbii qulqulluu ni gaddisiisu. Mee xiyyefannoo keessan naaf kennaa: **Abditti rarra'uun gadduun wanta sirriidha, abdii kutiinsaan haguggamanii gadduun immoo wanta sirrii hin taanedha.**

2. Monotony (Bartee nama hifachiisutti) lixuu

Akkuma S.Maughaim jedhe: Diinni hundarra guddaan dandeetti yaadu ajjeesu wanta aadaa godhataniidha.” Akkuma barteen nama hifachiisu itti fufuu yaadonni keenya ni dugulu. Hojiin nama hifachiisu sammuu otomaatikaa ta'e gubbaatti baha. Hojii otomaatika keessatti

akeekachisni sammuu keenyaa ni hir'ata. Of eeggannoon keenya ni bada. Rooboti taana. Akkuma maashaan itti hin fayyadamne qal'atuu, xiyyefannon dhiifames hir'atuun bada. **Boba'aan imala yaadaa xiyyefannoodha. Namni xiyyefannoo isaa eegu, yaada isaa ni gabbisa.**

Jireenyi ammayyaa, jirenya teenya barteeawan badaatti kennuun makaanika taasisee jira. Gara hojii keenyaa ykn mana barnoota keenyaa guyyaa hundaa haala walfakkaatun deemun deebina. Galgala hundaa haala wal fakkaatun Tv ilaalla. Hanga galgalaatti barcuma tokko irra dadhaba fi gammachuu dhabne ta'uu irra hojii keenya dagaagsuuf haa hojjannu.

Hojii guddinnaaf cufaa ta'ee filachuun hidhamaa ta'uu filachuudha, argannoo wanta haarawaa dhiisudha, jirenya guutuu dhaaba manaa afran jidduu hidhamaa ta'anii jiraachu fudhachuudha.

Jireenyi hammayyaa haala jirenya keessanii sadarka tokko irratti waan gadi dhaabeef wanta haarawa barbaadurraa ni fotoqxu. Yaaduu fi gaafachun keessan hin barbaachisu, sababni isaas, wanti hunduu isiniif yaadama. Gaafi tokko Tv'in, ministeeronni, artistoonni yoo hin gaafatin, isin gaafi kana gaafachuun wanta qabatama hin qabne ta'a. Sammuun keessan yaaduu yoo barbaade, bilbilli qaruuteen (smart phone) yoosu sirreessiti. Garuu wanta qullaa, faaydaa fi gatii

hin qabne, dhaadannoo qabatama hin qabne kooppii gochuun isin irratti dirqamaa miti.

Jirenya makaanika keessatti karaan irra deemtan beekkamaadha. Gara hojii keessanii geejjiba kamiin deemtuu? Karaan hojii ittiin argattan mana baruumsaa kamiin fixuudhaa? Akkuma ammayoofnuun hidhamtoota mormatti sansalata itti godhamuun harkifamanitti jijiramna. Hanga duuti nu dhaabduuti guyyatti daqiiqa shanillee osoo ta'ee, “Wanta biraan maal haa hojjadhuu? Akkamitti fooyeesse fi gargar godhee hojjadhaa?” jenne gaafachuu hin dandeenyu. Sirrii mitii?

3. Ko’ummaa faaydaa hin qabne

Jirenya guutuu taate takka keessatti nama dubbii isaa irraa, amala isaa irraa, namoota hundaafu ibsa faayda qabu kan calanqisiisuu akka taatanitti yaadaa. Kana ko’ummaa firii hin buusneen milkaa’u dandeessu?

Teknolojiin ammayyaa guyyaa hundaa wanta ajaa’ibaa haarawa oomisha. Wanta teeknikni fi aadaan oomishe hundatti akka hajamnutti yaanna. Sa’ati baay’eef Tv ilaalun akka waan narratti dirqama ta’eetti yaanna. Dorgommiin muuziqaa, sagantaaleen bashannaanaa, lotoriin, dorgommiin fardaa fi kkf jirenya keenya koloneefatanii (qabatanii) jiru.

Imala daangaa hin qabne kan nuti kophaa keessa deemnu keessatti umriin keenya irraa sakandiin meeqa akka hafe ilaalla. Jireenyi keenya hin koloneefamin, kabajni keenya wanta biraatiin hin saamamiin. Kabajni namummaa keenyaa tapha gatii hin qabneef qallaba hin ta'in. Wanti barbaanne kanaa mitii?

Nuti eenyuu? Nuuf maaltu hafee? Jarjaruun eessa fiignaa? Maaliif hiriirri mana barnootaa, maalif otobisii, maaliif hiriira mindaa, Maaliif duuti?

Namoonni dhiibaa uumaan sa'aati baay'eef TV hin ilaalan. Guyyoonni isaanii gaazexaa dubbisuu fi tapha xaxamaa furuun hin darbu. **Ni jiraatu, ni fiigu, ni oomishu, nuti haftee isaanii irratti mallattoo isaanii argina.**

Kaayyoon bu'uuraa ko'ummaa ammayyaa; aqliin ala nu gochuu, duniyaa qofaaf akka jiraannu taasisuu fi hubannoo keenya keessatti du'aan booda bu'aan homaatu akka nuuf hin hafne gochuudha.

Mataa keenya olqabne akkamitti gara olii olbahuu akka qabnu yaaduuf hojiin xiqqaa fi faayda hin qabne qalbii teenya dukkanaan hin marsin.

4. Kaayyoo dhabuuuf harka kennuu

Maaliif yaadduu? Dhugaa jirenya keessanii keessaa tokko; furmaataaf akka yaaddaniif hojiin keessan kan xumuramu qabu jiraachu qaba. **Namni biraa wanta isiniif malu akka isiniif kenu yoo abdattan, hanga Qiyaamaatti ni eegdu.** (fakkeenyaf mataa keessanii tattaafachuu dhiistanii namni biraa hojii isiniif maluu akka isiniif kenu yoo eegdan, osoo homaa hin argatin yeroo dheeraaf turtu. Kanaafu, mataa keessanii tattaafachuu fi kaayyoo mataa keessanii qabaachu qabdu.) Akkuma Mc. Arthur jedhe, “Wanti ilma namaa dulloomsu baay’inna waggoota duubatti dhiise osoo hin ta’in kaayyoo dhabuudha. Waggoonni gogaa suntursa, garuu kaayyoo dhabuun ruuhi³ ajjeesa.”

Yaaduun; ba’aa baadhachuudha, humnaa fi annisaa baasudha, adeemsa hawaa sammuti. Akkuma adeemsa gochaa keessatti bareedinnaa fi fokkinna argitan, adeemsa sammuu keessattis odeefannoo gaddisisaa fi gammachiisaa ni argattu. Yaanni; addunyaa dhuunfaa nama tokko hanga addunyaa dhuunfaa nama dhiibbaa bal’isuu danda’a. **Lugaa (qooqa) haarawa barachuun addunyaa isinin ala jiru guddistu. Yaada haarawa dagaagsudhaanis keesso keessan bal’isuu dandeessu.**

³ Ruuhi-Spirit

Yaadun; bu'aa gaafii, xiyyefannoo itti kenu fi wanta tokko jabeessanii qabchuuti. Namoonni kaayyoo hin qabne homattu xiyeefannoo hin kennan, homattu hin lakkaa'an, haajaa hin qaban. Maddi mirqaansu gara sochiitti isaan dabarsuun isaan hojjachiisu hin jiru. Amalli isaan hunda wal fakkessu warra qoosan ta'uudha. Nama qoosu yoo argitan qaruumman, ol'aantummaa fi qileensi isaa kan yeroo sanii isin hin dogongorsin. Sirritti isa ilaala: waggoota dhufan keessatti muka hiddi isaa ol buqqa'uun bubbee cimaa waliin garagalee deemuuf qophaa'e ta'ee isin fuunduratti baha.⁴

5. Fedhii Daangaa hin qabne

Nafseen ilma namaa akka maraattu fedhii guuttachu barbaaddi. Barbaachi kuni yoo hin too'atamin badii oomisha. Fokkinna salphinna namatti fiduu fi wanta waaqefatamutti jijjirama. Namni fedhii ofii waaqefatu, daangaa halaala fi wanta sirrii hin beeku. Nyaata dhugaati, muuziqaa, taphaa fi fedhii foonii isaa haala badaa ta'een itti lixa. Fedhiin daangaa hin qabne akkuma guyyaan darbuun beelaa fi daangaa darbuu dabala. Qalbii bineensa addunyaa liqimsuuf carraaqutti jijiira. Sammuu fi qalbiin fedhii barbaadu waliin hiidhamu. Osoo fedhii lubbuu barbaadu

⁴ (Mushrikoonni Makkaa Ergamaa Rabbiitti (SAW) qoosaa turan gaafa lola Badrii kukkufanii boollo gadi fagootti darbaman.)

namni ni gufata, ni xiqqeefama, ni salphata. Daangaa darbuun; yaaduuf carraa namaaf hin kenu. Sababni isaas, namni akkanaa waan badaatti yaadun gaddu dhiisee machaa'u filata. Nafsee teenyaaf hidhamaa ni taanaa?

Coraan⁵ ganamaa fi galgala hundaa qalbii nama cubbamaa ni hacuuca. Namni cubbamaan mana fincaani baarii⁶ kan inni wanta araada nama qabsiisu itti fudhate keessatti jiruu isaa dhaba. Kan biraamimmoo dhayaa albee takkaatin jirenya isaa kenna yookiin immoo riqicha irraa utaalun of galaafata. Waggaatti maaliif Ameerikaa keessatti dargaggooni kuma afurtamni of galaafatu? Kaayyoo ol'aanaaf namni uumame akkamitti dhuma akkanaa mirkaneessaa?

Duniyan daangeefamtu fi xurii taate tuni haajaa qalbii qulqullu teessan irraa burqe ni guutti jettanii hin yaadinaa. **Qalbiin teessan sanyii jaalalaa, yuniversi⁷ marsuu danda'u baadhatti.** Qalbiin yunivarsii irra naanna'uun arguu fi abbaa itti ta'u barbaaddi. Coraan umrii waggaa miliyoona osoo itti fufelgee guyyaa tokko akka dhumatu beekutti of hin gahu, zalaalami jiraachu barbaada. Akkasi

⁵ Coraa-miira gadi fagoo keessa namaa jiru, Ingiliffaan-Conscience

⁶ Baarii (Bar)-mana bunaa itti sirban

⁷ Samii, dachii fi wantoota isaan keessa jiran

mitii? Namni mi'aa addunyaatin zalaalami nafsee isaa quubsu hin danda'u.

Dhiirsaa fi niitiin yoo nafsee isaanii naamusa hin qabsiisin ijji isaanii gara ala mil'atti. Mi'aan addunyaa tanaa nafsee quubsuuf osoo hin ta'in, xiqqoo haajaa addunyaa guuttachuuf fi mi'aa qulqulluu jirenya zalaalami keessa jiru baruuf jecha sababa akka ta'uuf uumame. Dirqamni nurra jiru; haajaa dirqisiisaa keenya haala kabajama ta'een guuttachuudha. Wanti garmalee barbaachisaa ta'e immoo; mi'aa (pleasure) hojii keessatti, wal gargaaru keessatti, geengoo seera qabeessa keessatti fi wantoota dhokatoo argachuu keessatti itti fayyadamuudha. Kana milkaa'u dandeeny!

Guduunfaa

▲ **Namni rakkolee isaatti furmaata barbaadu dhiisee hadhaa rakkolee irra deddeebi'uun itti xiyyeffatu Waan guddaa yaadu hin danda'u.** Rakkoleetti garmalee yaadun dhiphinna dabala. Dhiphinni dandeetti yaaduu dadhabsiisa. Dandeettin yaadu yoo dadhabee waan guddaa akka hin yaanne nama taasisa. Akka kanatti rakkolee keessaa bahuu dhiisuu fi dhiphinni karaa "Waan Guddaa Yaadu" keessatti gufuu namatti ta'u.

▲ **Yeroo hundaa wanta tokko haala walfakkaatu fi nama hifachiisuun hojjachuun Guddaa Yaadu irraa nama dhoowwa.** Fkn, hojjataan mootummaa haala walfakkaatun guyyaa hundaa gara hojji deemee ni deebi'a. "Maal fooyyessu qaba? Akkamitti haala gaariin hojjachu danda'a?" jedhe yaadun jijirama homaatu yoo hin agarsiisiin, waan gaarii fi guddaa yaadu hin danda'u. Wanti hifachiisaan inni guyyaa guyyaan hojjatu yaada isaa dugulcha. Olfageesse akka hin yaanne taasisa. Ammas barataan tooftaa haarawa ittiin qo'atu fi of-dagaagsu yoo hin barbaadin, waan guddaa yaadu hin danda'u.

▲ **Hojiiwan faaydaa hin qabneen of ko'oomsuun (biizi of gochuun) Waan Guddaa akka hin yaanne nama taasisa.** Fkn, namni Tv yeroo hundaa ilaalu fi araadaan qabame waan guddaa yaaduu danda'aa?

▲ **Namni kaayyoo hin qabne gara itti deemaa jiru waan hin beeknef Guddaa yaadun isatti ulfaata.**

▲ **Namni fedhii isaa guuttachuu keessatti daangaa darbu sammuu fi qalbiin isaa waan hidhamaniif carraa guddaa yaadu hin argatu.** Kanaafu, namni waan guddaa yaaduu fi milkaa'u barbaadu, fedhii guuttachuu keessatti daangaa darbu hin qabu. Fedhiin kan akka nyaataa dhugaati, fedhii fooni fi kkf dha.

C) Guddaa Yaaduu Dagaagsuuf

Yaada keessan bilisoomsuuf naannoo keessan akka addaatti (alagaatti) ilaalu, gaafiwyan itti fufuu gaafachu, potenshiyaalii keessanii fi wanta qabdan hubachuu, fi kaayyoo keessan olfageessu qabdu. Amma wantoota ijoo kanniin haa ilaallu:

1. Akka Addaatti Ilaalu

Osso gara Maarsi ykn ji'aa deemtanii, akkuma naannawa keessan akka addaatti ilaaltan, hanga duutanitti addunyaas akkasitti ilaala. New Yorkin keessa akka addaatti ilaalun keessa deeme. Sababa kanaan, halluu karaalee magaalatti tana keessatti argee yaadachuu nan danda'a.

Yeroo ijoollummaa haala mataa naannessuun hatamtamaan barachaa turre. Guyyaa hundaa meeshaa haarawa, qalama haarawa sammuu keenya keessatti qabachuun wanta ajaa'ibaa ture. Miilaan deemu barachuun doktoreetti akka barachuutti barbaachisaa ture. Dubbii barachuun akka doktoreetti lama barachuutti barbaachisaa ture. Hanga umrii saalfanna geenyutti sammuun keenya akka kompiyutaraatti hojjataa ture.

Garuu umriin keenya ni dabale, wantoota barannetti quufuun boonaan haguuggamne. Akka waan wanta hundaa beeknetti

yaadu jalqabne. ‘Gaheessummaa irra geenye, bilchoofne,’ jennee of tulle. Of tuuluun kuni naannawa keenya akka hin beekne dukkana nutti ta’e. Mataa keenya beekaa akka taanetti yaaduun wallaaltotatti akka hin jijjiramne. Iccitiin gamnummaa kana: **yeroma beekumsaaf dheebochuun keenya nutti dhagahamee, barachuun keenya itti fufa.**

Iccitiwwan nama mirqaansan; wanta beekne jidduu, duubaa fi naannawaa irra fiigu. Beekumsi naannoo keenya jiru akka cabbii gaara gahu irraa cabbii qal’oo citeeti. Haala gahaa ta’een beekne jennee yaaduun wanta beeknetti quufudha, barachuu dhiisudha. Sirrii mitii?

Haala haarawaan mataa keenya haa ibsinu, beekumsaaf beela’uu irraa kan ka’e akka bineensa beela’ee haa taanu. Copha hunda keessatti, abaaboo hunda keessatti, ilbiisaa hunda keessatti beekumsa dhokate haa barbaannu. Kunoo kuni wanta ajaa’ibaati.

Fuula dachii irratti uumamtooni addaa nuhi. Ijoollee Aadamii fi Hawwaa Jannata irraa ergamaniiti. Dhiyootti addunyaan teenya ni baddi, abbooti keenya waliin Aakhiratti ni kaafamna. Jirenya daangaa hin qabne kana keessatti qalbii teenya beekumsaan gabbisuu dandeenya.

2. Haala itti fufaa ta'een gaafilee gaafachu

Xiyyefanno keessan as kennaa: **Yaaduun gaafachuudha; qulqullinni gaafilee keessanii qulqullinna yaadota keessanii calanqisiisa.** Gaafachuun bosonaa dukkanaa'a hin ciramne keessaan karaa baasudha. Deebiwwan keessan gaafileewan keessan waliin argattu.

Gaafin walakkaa deebiti. *Akkuma baay'istanii gaafattaniin akkuma san baay'istanii beektan.* Beekumsi gaafi keessaniif deebii hin taane; beekumsa yeroo barbaachisuutti yaadachuu hin dandeenyee fi yeroo barbaaddanitti itti fayyadamuu hin dandeenyedha. Beekumsi jirenya keessan baraaru danda'u beekumsa ija keessan fuunduraan shubbisaa darbuudha. Beekumsi gaafilee keessanif deebii hin taane, wantoota arguu hin dandeenye waliin badee deema.

Shaakalliin seminaara keessatti goone gaafileen waan dhiyaataniif seeminaarri ulfaata ta'uu agarsiise. Sammuu keenya haala quubsaan yoo hin jajjabeessin, gaafachuun keenya ni ulfaata. Sammuun akkuma barsiifamuun, sirritti yaada, gaafilee ulfaatoo oomisha. Saayinsiin bu'aa carraaqqi gaafileeef furmaata barbaaduti.

Isin gaafilee fi rakkolee ibsaa; furmaata barbaadaa. Sababooni, bu'aaleen, hariiroon, wal fakkeenyonni,

garaagarummaan, dhugaan, gamni gaariin, gamni badaan isaa maaliidhaa? Akkamitti ilaaltuu? Atomiiin maalidhaa? Wanti akkamitti argama? Gammachuun maali? Sammuun namoota qaruutee maalin adda ta'aa? Bu'aa ajaa'iba argitu.

Gaafilee keessaniif deebii yommuu barbaaddan, ilaalcha keessan jijjiraa, itti dhiyeenya (approach) adda addaa qabachuuf carraaqaa. Rakkoon hundu furmaata tokko ol qaba, taaten hundu hiikaa fi bu'aa tokkoo ol qaba.

Gaafi “1 si'a lama irraa bu'aa meeqatu baafamu danda'aa?” jedhu ilaalcha herreegaatin yoo ilaaltan, deebi “2, 1, 0, -2, 11” jedhu kennu dandeessu. ($1 \times 1 = 1$; $1 + 1 = 2$; $-1 - 1 = -2$; $1 - 1 = 0$; 11)

3. Poteenshiyaali keenya Hubachuu

Wanti hojjattanii dabarsitan; wanta gara fuunduraatti hojjachuu dandeessan caalaa xiqlaadha. Wanta yeroo darbe hojjattan qofatti yoo xiyyeefattan bal'inna yaada keessanii ni dhiphistu, mataa keessan yaada dhiphaa keessatti of hiitu. **Hojii keessan guddisuu yoo barbaaddan ammaa amma wantoota gara fuunduraatti hojjachuu dandeessanitti xiyyeeffadhaa.**

Ammatti hojjachuu kan hin dandeenyе osoo taatanillee hanqinna kanatti lixuun ('hojjachuu hin danda'u' jechuun) fuundura keessan booji'ama (hidhamaa) hin godhinaa. **Namni "wanta tokko hojjachuu nan danda'a" jedhee wanta sanitti xiyyeffate, dandeetti haarawa dagaagsa (guddisa).**

Nan yaadadha, mana barnoota sadarkaa 1ffaatti barnoota "Bareechisanii dubbachuu fi barreessu" tiin kufee lamu qorame. Namni akka kiyyaa dandeettin dubbii fi barreessu isaa dadhabaa ta'e kuni barreessaa ta'uu danda'aa?

Mana barnoota sadarkaa 1ffaa yommuu xumuru barnoota kiyya itti fufuu akka hin dandeenyе namoonni ni himan. Cabiinsa hamilee waliin mucaa furmaata barbaadu ta'uun gootummaadhaan barreessaa ta'uuf murteesse. Kaayyoo kiyya dura-taa'aa mana barnootaa kiyyatti yommuu himu "Eeyen barreessaa ta'uu dandeessa. Barreessaa mana barnoota sadarkaa 1ffaa Yasar Kemal irraa kan eeb bifamee, addunyarratti kan beekkame." Jedhe. Mirqaansu ajaa'ibaatiin haguuggamuun ganda kiyya keessatti, kutaa kiyya kan hantuunni keessa naannofti keessatti afoola jalqabaa kiyya barreesse.

Barreessa ta'uu baadhus gara fuunduraatti barreessaa akka ta'u nan yaade. Yommuu mana barnoota sadarkaa 2ffaa gahu, barreefamni kiyya babal'ifamuu jalqabe. Yommuu yuniversitii seenu wantoonni barreesse ummata bal'aa ni gahe. Tarii har'a barreessaa garmalee gaarii ta'uu dhiisu danda'a, maaltu gargar godhaa? Dirqamni nurra jiru, karaa galma ittiin geenyu keessatti hanga hafuura dhumaatti battisuu itti fufuudha.

Shofeera yoo hin ta'in, shofeera ta'uu hin dandeessanii?
Wanta daran gaarii ta'een warri milkaa'e, wanta daran gaarii ta'ee barbaadun jiraatan.

Seenaal Ali isinitti haa himu. Bara 1989 keessa Yuniversitii Gaazi seenuuf carraa argate. Fedhiin qorannoo namummaa qorachuu isatti dhagayame. Mata duree kanarratti tooftaa addaa dagaagse, "Warra karaa irra deeman akkaataa isaan namatti mul'atan (appearance) isaanii ilaalun namummaa isaanii tilmaamu nan danda'a." jedhe. Wantoota inni hime mirqaansun nan dhageefadhe.

Yuniversitii Kaambiriijiitti xalayaan barreessuun wantoota hojjate itti hime. Kaambiriijis wanta inni barreesse ni ajaa'ibsifate. Isaaf carraa barnootaa (scholarship) kennuun

yuniversititti fudhate. Alin gara Ingiliz deemuuf qophaa'aa ture.

Qayyabannaan keessan dadhabaa ta'uu danda'a, garuu jabeessu dandeessu. Dubbiin keessan caccabaa ta'uu danda'a, garuu dagaagsu ni dandeessu. Dabeessa ta'uu dandeessu, gootummaa argachuu ni dandeessu. Yeroon keessan akkanumatti qullaa gubachuu danda'a, jirenya keessan too'achuu dandeessu. Yaada garmalee barbaachisaa ta'e: **Hanqinna keessan irratti xiyyefachuun ‘hojjachuun hin danda’u’ hin jedhinaa, potenshiyaali (dandeetti) keessan ilaalun ‘hojjachuun nan danda’a’ jedhaa.** Hubannaan keessan haa bal'atu.

4. Wanta Qabnu Hubachuu

Yeroo baay'ee dandeetti dhuunfaa keenya irratti hundaa'e wanti qabnu daangefamaadha. Daangaalee diinagdee, hawaasummaa, siyaasaa fi naannoo keessa jiraanna.

Hojii haarawatti seenu yommuu barbaaddan maallaqatti, naannootti, carraa fi meeshaaleetti hajamtu. Yommuu of qorattan qabeenya dhabuun ija keessan fuundurratti baha. Isin hiyyeessa ykn maallaqa miliyoona hin qabdan. Eenyullee hin qabdan. Isin gargaaruun hojiitti kan isin seensisu barbaaddu, garuu bakka bu'aan ummata isin

beektan tokkollee hin jiru. Hin jiru, in jiru, hin jiru, hin jiru!
Akkasii?

Yommuu dhalannu maal qabnaa turree? Wanta ammaa fi yeroo darbe qabnu caalaa inni barbaachisaa ta'e; wanta gara fuunduraatti qabnuudha. **Wanta yeroo darbe dhabneen haguuggamu irraa yoo baraaramne, milkaa'inna gara-fuunduraatti dhufutti xiyyefachuu dandeenya.**

Duraan hiyyeyi turre, amma akkasi miti. Duraan kompiyutara hin fayyadamnu turre, amma siritti fayyadamna. **Duraan biqiltu akka taatanitti ilaalun gara fuunduraatti muka akka hin taanetti hin yaadinaa.**

Isin maallaqa hin qabdanii sila? Sababa kanaan invest gochuu hin dandeessanii? Dargaggeessa baanki keessa hojjatu maqaan isaa Yalchin jedhamu tokko nan yaadadhaa. Hojjata mootummaa hiyyeessa ta'ee osoo jiru sababa yaada haarawa argateen takkamaan warra baanki gurguddaa irraa ta'e. Yommuu dureeyyi waliin wal qunnamu dogongora hojjate. Abbaan Qadaraa carraa isaaf kenne irraa fudhate. (Namni kuni ni ajjeefame.)

Kitaaba isaa baay’innaan gurgume keessatti Napoleon Hill seenaa Dr.Gunsaulus ni dubbata.⁸ Gunsaulus wagga lama guutuu yuniversitii tokko banuuf sammuu isaa keessatti yaade. Kanaaf, dolaara miliyonatti lakkaawamu isa barbaachisa. Wagga lama guutuu itti yaade. Garuu yaada guddaa gochatti isa dabarsu argachuu hin dandeenye. Guyyaa tokko murtii jala muraa ni murteesse: “Maallaqa barbaachisu torbaan tokko keessatti argachuun qaba.” jedhe. Gaazexaa barbaaduun mata-duree “Dolaara miliyoona tokko osoo qabaadhe, maal hojjachaan turee?” jedhu irratti wal gahii akka qopheessu beeksise.

Wal gahii irratti dubbii isaa ni fixa. Akkuma taa’een namtichi tokko isatti dhiyaachuun, “Maqaan kiyya Filip Armour jedhama. Boru ganama biiroo kiyya koottu. Maallaqa barbaaddu siif kenna.” jedheen. Dubbii kanaan booda, ‘Dhaabbanni Teknoloji Armout’ jedhamu ni hundefame.

Tarii naannoon keessan dhugumatti isin gufachiisu danda’ a, garuu zalaalamii naannoo san keessa hin jiraattan. Akkasumas, naannoo ulfaataa keessatti wanti hojjattan, naannoo mijaa’ a keessatti gara madda annisaatti jijjiramu

⁸ Think and Grow Rich, f. 108-110

danda'a. **Wanti isin facaastan ni haammama.** Aliya Izzetbegovich waggoota baay'ee mana hidhaa keessatti dabarse, garuu eenyullee hogganaa Bosnia-Herzegovina ta'uu irraa isa hin dhoowwine. Ingilizoonni Gaandi meeshaa waraanaa osoo hin qabaatin Hindiif bilisummaa barbaadu dhaabu hin dandeenye. **Yoo barbaaddan diiguuf, yoo barbaaddan hojjachuuf daandiitti bahaa, karaa itti baatan keessa akka deemtan taasifamtu.**⁹

Naannoo keenya irraa si'a kumaatama, ajaja "Hin hojjatin, Hojjachuu hin dandeessu" jedhu fudhanne. Yeroo baay'ee xiqqeefamne, gootummaan keenya ni cabe. Isin akka Jonathan osoo taatanii hiriyoonni keessan gantummaan isin yakkuu danda'u.

5. Kaayyoo keessan olfageessuu

Kana xiyyefanno itti kennaa: namni hunduu kaayyoo isaa ilaachisee yaada. *Warroonni kaayyoon isaanii guddaa ta'ee yaanni isaanis guddaadha.*

⁹ (Namni diiguuf ykn balleessuuf osoo hin ta'in, ijaaruu fi hojjachuuf daandiitti bahuu qaba. Wanti barreessan asitti jechuu barbaade, karaa filattan keessa ni oofamtu. Qur'aana keessatti: **Namni kennee fi Rabbiin sodaate, ergasii Islaamummaatti amane, [karaa] laafinnaa (gaarii) isaaq laaffisna. Namni doy'oomee fi of-gahee, Islaamummaa sobsiise immoo [karaa] ulfaatinnaa (dararaa) isaaq laaffisna.**" Suuratu Al-Layl 5-10)

Kaayyoon keessan wanta waggoota baay'eef guyyaa hundaa yaadattaniidha. Wanti isin amma yaaddanii waggoota dhufan keessa yoo itti hin yaadin suni kaayyoo keessan ta'uu hin danda'u. Har'a hanga galgalaatti maal yaaddan? Kaayyoon olfagoon kaayyoo waggoota keessan hojiin guutuuf haqa godhateedha. Daawwachuu yoo barbaaddan, daarii galaanaa Antaaliyaa qofa hin yaadinaa. Piraamidin Misir, bosonni Amaazon, paarkonni Afrika isin eegu.

Ameerikaa keessatti hojjattoota mootummaa keessaa umrii afurtamaan booda namni hojii jabaa oomishuu hangas mara hin jiru.

Yommuu yuniversitii jalqabu kaayyoon kiyya guddaan barumsa fixuu fi hojii tokko seenu ture. Gaafa tokko haasawa sheekha tokko dhageefadhe: “Dargaggoonni keenya mastarsii fi doktoreetti hojjachuu qabu. Sammuu baratetti baay’ee hajamna.” jedhe. Anis nan mirqaane, kaayyoo kiyya nan guddise. Hojii akkadaami kiyyaaf dubbi gaafa saniitu kakka’uumsa naaf ta’e.

Jirenya jalaa ol jalqabuu dandeessu, garuu yoo achitti eegdan bakka san bartee godhattu (kana jechuun, jirenya jalarraa jalqabdani gara olii olbahuuf yoo hin carraaqin, jaluma san turtu). Jirenya gadi aantummaa nuffiin guuttame keessatti gootummaa keessan ni balleessitu. Riskii (balaa) fi kaayyoo gurguddaa irraa ni sodaattu. Maaliif akka harraagessaa fiixee irraa balali’uu hin jalqabnee? Yookiin immoo akka Jonaatani sinbirroo galaana ta’uun taphate; gubbaa ol’aanu balali’uuf hin kaayyefannee? Garuu kuni osoo daangaa ofii hin beekin mataa ofii ol-guddisanii namoota biroo gowwoomsudhaan hin ta’u. Milkaa’inni hundu gatii kafalamu barbaada. Gara sochiitti darbuu qabdu. Kaayyoowwan gurguddaa argachuuf hanga boruutti yoo

eegdan barfachuu dandeessu. Boru biiftuu ganamaa kan hin argineetuu dandeessu. Jireenyi teessan ariitiin dhumaataa waan jirtuuf kaayyoo murteeffachuuf ariifachuu qabdu. Mukni isin dhaabdan guddatee firii kenuuf; yeroo waan fudhatuuf ariifachuu qabdu.¹⁰ Isin kabajamoodha!

Isin guddaa ta'uuf namoonni biroo xixxiqaa ta'uun hin barbaachisu. Boqonnaa (hara galfachuu) dhiisu hin qabdan, kaayyoowwan gaggaarii keessatti mataa keessan waliin dorgomuu qabdu.

Kaayyoon guddaan kaayyoo xiqqaa caalaa sammuu keessan hin dadhabsiisu. Akka hojii yaadaatti, hojiwwan gurguddaan hojiwwan xixxiqaa caalaa salphaadha; sababni isaas hojiwwan gurguddoon daran nama bashannansiisu, daran nama mirqaansu. Guyyatti namni karaalee maski qarshii dhibbaa ittiin gurguruuf yaadu, guyyaatti nama karaalee konkolaataa qarshii kuma dhibbaa saddeet baasu ittiin gurguruuf yaadu caalaa dadhaba. Kaayyoowwan xixxiqaan nama hin mirqaansan, dandeetti keessan daandi'eessu. **Hojii nutti ulfaatu hojii guddaa osoo hin ta'in hojii akkamitti akka hojjannu hin beeknedha.**

Yaada guddaa, kaayyoowwan maallaqa caalaa gatii ol'aanaa qabanitti qajeelchu dandeenya: addunyaa daaw'achuun, aadaa beekun, amantiin

¹⁰ (Yeroo dheeraa booda firii argachuufakkuma muka dhaabutti fiigdan, kaayyoo keessan murteessuttis fiigu qabdu. Akkuma mukni yeroo dheeraa booda firii kenu, kaayyoon keessanis yeroo dheeraa booda firi kenna. Yoo isin har'a muka hin dhaabin, boru firii isaa hin argattan. Akkuma kana, yoo isin har'a kaayyoo keessan hin murteessin, boru bu'aa homaatu hin argitan. Kanaafu, kaayyoo keessan har'a boru osoo hin jedhin ammuma murteeffadhaa.)

namootaa qulqulluu akka ta'uu tajaajiluu fi Khaaliqa Olta'aa beekuun hawwii warra guddaa yaadaniiti. Sirrii mitii?

Yeroo baay'ee hojiiwwan gurguddaa hojiiwwan xixxiqaa irraa jalqabna. Namni hojii isaa guddaaaf tattaafachuu hin dhiisne, yeroo dhiyottis ta'i yeroo fagootti hojii guddaa irra gaha. **Abbaa humnaa (powerful) ta'uun bu'aa guddaa irra gahuu osoo hin ta'in, wanta guddaa yaadu, wanti guddaan namatti dhagahamuu fi amala guddaa agarsiisudha.**¹¹

Ni dubbistu, ni dhageeffattu, ni dinqisiifattu, ni barattu, ni gaafattu, ni barbaaddu, isin nama ajaa'ibaati sababni isaas guddaa yaaddu. Garuu isin nama mirqaanuu fi waa danda'uu?

Imala guddaa yaadu danda'uuf si'aa'inna isin barbaachisa. Sababa si'aa'inna kutaa itti aanu keessatti dubbatamuun akka magneetti dhiibbaa kan uumuu ta'uu dandeessu.

¹¹ (Seenaa Rasuulaa (SAW) yeroo makkaan keessa turee yaadadha. Gaafa tokko Qureeshonni gara Abu Xaalibitti dhufanii akkana jedhaniin: Ilmi obboleessa keetii kuni iddo walitti qabamnuu fi Masjiida keenya keessatti azaa nu godhee jira. Kanaafuu, isa nurraa dhoowwi. Abu Xaalibis ni jedhe: Ilmaan abbeerota keetii kunnii iddo isaan walitti qabamanii fi masjida isaanii keessatti akka azaa gootu odeessu. Isaan azaa godhuu dhiisi." Nabiyyiinis (SAW) gara samii ijaan ol laaluun akkana jedhe, "Aduu tana argitanii?" Isaanis ni jedhan, "Eeyyen." Nabiyyiinis ni jedhan, "Osoo aduu tana irraa laboobaa qabsiiftaniyyuu da'waa kana isinirraa dhiisuun hin danda'u." Gabaasa biraa keessatti, "Yaa abbeeraa koo! Rabbiin kakadhee, dhimma kana akka dhiisuu osoo aduu harka mirgaa kiyya irra, ji'a immoo harka bitaa kiyya irra kaa'anii, hanga Rabbiin ifa baasutti dhimma kana hin dhiisu." Abu Xaalibis ni jedhe: Ilmi obboleessa kiyyaa gonkumaa hin kijibne. Kanaafuu haala gaarii ta'een deebi'aa.")

Waan Guddaa Yaaduuf:

- Akka Addaatti waa ilaala, akkuma wanta hin beekne akka addaatti ilaaltaniin, wanta san baruuf garmalee carraaqxu. Kuni beekumsaaf karaa isiniif bana.
- Haala itti fufaan gaafilee sirrii gaafadhaa. Akkuma wanta hin beekne gaafattanii fi qorattaniin, balballi waan guddaa yaadu isiniif banama. Qur'aana keessatti, "***Yoo hin beekin, warraa beekumsa qaban gaafadhaa.***" Al-Qur'aan 21:7
- Wantoota gara fuunduraatti hojjachuu dandeessan qoradhaa, itti xiyyefadhaa. Akkuma "Kana hojjachuu nan danda'a" jettaniin waan guddaa yaadu jalqabdu. ***Namni "wanta tokko hojjachuu nan danda'a" jedhee wanta sanitti xiyyeffate, dandeetti haarawa dagaagsa (guddisa).***
- Carraa argattanii fi wanta qabdanitti fayyadamuun dandeetti yaadu keessan dagaagsu dandeessu. Pireezadanti Ameerika kan ture, Theodore Roosevelt akkana jedha: "***Do what you can, with what you have, where you are. (Bakka jirtutti, wanta qabduun, wanta dandeessu hojjadhu.)***"
- Kaayyoo guddaa kaayyeffadhaa. ***Warroonni kaayyoon isaanii guddaa ta'ee yaanni isaaniis guddaadha.***

Barbaachisummaa Waan Guddaa Yaaduu

- Hubannoonaan yaadudhaan jalqaba
- Yaada waliin guddatan (Akkuma olfageessitanii yaaddaniin sadarkaa ol'aanaa irra geessu.)
- Yaadudhaan wanta gara fuunduraatti hojjachuu feenu boca, amala fi bifaa isaa sammuu keessatti kaasna. (Kuni cimne akka hojjannu nu taasisa.)

Gufuwwwan Waan Guddaa Yaaduu irraa nama dhoowwan

- Rakkoolee fi dhiphinna keessaa bahuu dhiisu
- Wanta tokko aadaa godhachuu
- Wantoota faayda homaatu hin qabneen biizi ta'uu (ko'oomu)
- Kaayyoo dhabuu
- Fedhii guuttachuu keessatti daangaa darbuu

Karaalee "Waan Guddaa Yaadu" itti dagaagsan

- Akka addaatti waa ilaaluu
- Haala itti fufaa ta'een gaafilee sirrii gaafachuu
- Dandeetti keenya hubachuu
- Wanta qabnu hubachuun itti fayyadamu
- Kaayyowan keenya ol-fageessu

Tarkaanfi 2^{ffaa}: Si'aa'inna Jabeessu

Itti Fufuuf yommuu kitaabichi gabayaa irra oolu kitaabicha bitaa....

Yookiin kitaabichi hatamtamaan argachuu yoo barbaaddan akka maxxanfamuuf gumaacha gochuu dandeessu.

Baank Account: 1000378272867 (Jibril Abdela Ismael)

Commercial Bank of Ethiopia (CBE)-Nigd Bank

Nagahee (Risiiti) Telegraamin ykn Whatsappin erguu
dandeessu: +905070617609

Yoo mobile banking fayyadamtan screen shot erguu
dandeessu.